Ani gara Rabbiittan of qulqulleessa isin irraa jaalalleen anaaf ta'uu irraa, dhugumatti Rabbiin ol ta'e jaalallee na taasifatee jira, akkuma ibraahimiin jaalallee taasifatetti

Jundub irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Osoo hin du'iniin duratti guyyaa shaniin Nabiyyiidhaa akkas jedhuun dhagahe: "Ani gara Rabbiittan of qulqulleessa isin irraa jaalalleen anaaf ta'uu irraa, dhugumatti Rabbiin ol ta'e jaalallee na taasifatee jira, akkuma ibraahimiin jaalallee taasifatetti, osoon kan ummata koo irraa jaalallee taasifadhu ta'ee silaa Abuu Bakiriinan jaalallee taasifadha, dhagahaa! worroonni isiniin dura turan qabrii nabiyyootaa fi gaggaarota isaanii masjiidota taasifataa turan, dhagahaa! qabriiwwan masjiidota hin taasifatinaa, ani sana irraan isin dhoorga''.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- sadarkaa isaanii kan Rabbiin biratti qaban irraa dubbatan, isiin dhugumatti irra olaanaa sadarkaa jaalalaa irra geesse, akkuma Ibraahiim isii argatee jirutti -nageenyi isa irratti haa jiraatu- kanaaf Rabbiin malee jaalalleen biraa isaanif ta'uu morman; waan qalbiin isaanii jaalala Rabbii ol ta'ee, Isa guddisuu fi Isa beekuun guutameef jecha, Rabbiin malee waan jiruuf eenyuufuu bal'achuu hin danda'u. Osoo uumamtoota irraa jaalalleen kan isaanif ta'u ta'ee silaa Abuu Bakir assiddiiqtu ta'aaf ture -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Eegasii jaalala keessatti daangaa eeyyamame darbuu irraa sodaachisan, akka yahuudaanii fi nasaaraan qabrii nabiyyootaa fi gaggaarota isaaniitti hojjatanitti, hanga gooftota shariika Rabbii gaditti gabbaraman taasifatanitti, qabrii isaanii irratti masjiidotaa fi bakka gabbartii ijaaran, ummata isaanii fakkaataa hojii jira kanaa hojjatuu irraa dhoorgan -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3347